



Of-eeggannaan balaa Ibdda mooraa kolleejjii dhimma cimaa dha.

Akka Woldaan Biyyoolessaa Ittisa Ibddaa (National Fire Protection Association) ibsutti, woggaa woggaan balaa Ibddaa 1700 ol kan uumamu hoo ta'u manneen jireenya barattoota \$ miliyoona 2.8 barbadeessa. Lakkoobsi balaa kun dabalaa deema.

Baay'inni barattoota balaa Ibbidaan wolqabateen hubamanis dabalaa deema. Balaan Ibdda mooraa Kolleejjii sababa adda addaan kan uumamu hoo ta'u, inni guddaan garuu of-eeggannoo fi ittisa ibiddaa beekuu dhabuudha.

Balaan ibiddaa tokkoffaan kan mooraa kolleejjii keessatti uumamu yeroo nyaata bilcheessan yammuu ta'u itti aanee namoota timboo of-eeggannoo malee aarsani fi namoota ibidda beekaa qabsiisaniin ta'a.

Alkoolii haala malee dhuguun du'a mooraa kolleejjii keessatti ibiddaan dhalatuuf sababa ta'a. Alkooliin nama dhamaasuun akka hin baqanne dhiibbaa namatti godha.

Qajeelfamoolee salphaa ta'an muraasa hordofuudhaan barattoonni jireenya haaraa mana isaanii irraa fagaatanii jiraatan kan balaa hin qabneef of qopheessuu danda'u.



www.ci.minneapolis.mn.us/fire

Wojji ta'uudhaan



www.fire.state.mn.us

**Of-eegganna
balaa ibidda
mooraa kolleejjii**



*Barataa
Jiraadhu*



MAAL GODHUU QABAA?

Yeroo hundaa wontoota naannaa kee jiran, balaa ibidda fiduu danda’an gargar baasii hubadhu. Carraan balaa kanarra dandamachuu hubannaa akkasumas karoora dhimichaa qabaachuudhaan fooyya’a.

MAALTU TA’EE?

Sababonni adda addaa manneen jireenna barattootaa ibiddaan akka gubatu gumaachuu danda’u.

- Lakkobsa 911 qajeelatti hoo dhimma itti hin baane qaamni balaan hoo uumame dhufu akka turan sababa ta’a
- Hoo balaan ibiddaa naannootti dhalateef hubannoo gahaa qabaachuu dhabuu
- Yeroo baay’ee qillisaa (Fire alarms) waan dagatamuuf balaa jalaa baqachuu irratti danqaa ta’a
- Qophii fi karoora dhabuun gamoo keessaa baqachuu irratti duuba nama hambissa
- Qillisaan aaraa fi ibiddaa kan sirritti hin too’atamin ykn hin qabamin ibidda yeroodhaan suunfata hin mullisu
- Meeshaan elektriikii fi haadni isaa, meeshaan nyaata ittiin bilcheessan

humna isaatii ol yoo itti fayyadaman, carraa balaa ibiddaa fiduu dabaluu

DIRQAMA FUDHU

- Nama dadhabbii tokko malee “waan ta’aa jiru” too’atu ramadi
- Akka bashannanni dhumeen qulqulleessuudhaan kosii gara alaa baasi
- Elektriika humnasaatii ol itti hin fayyadamin
- Meeshaa eddo duwwaa hoo’issuu fi ampuulii elektriikaa wontoota gubatan irraa fageessi
- Ibsaa shaamaa fi ixaana yeroo dhimma itti hin bane dhaamsi
- Waan aaru hunda sirritti dhaamsi
- Yeroo dadhabbi qabdu timboo hin xuuxin
- Qillisaa aara suufu qajeelatii hojjechuusaa ji’a ji’aan yaali
- Qillisaa aara suufu jalqaba semisteeraa irratti dhakaa baatirii haaraa itti jijjiri
- Gamoo keessatti fulaa ibidda jalaa baqataniin hunda bakka jiran beeki
- Karaa ykn akka balaa jalaa baqattuun shaakali

QILLISAA AARA SUUFU SIRRITTI QALBIFADHU

- Qillisaan hoo qillise tuffatee hin dhiisin
- Hanga ibidda ykn aara argitutti hin eegin

- Mi’a fudhadha jette hin yaadin. Lubbuun kee hunda irra caala ykn barbaachisa.

TARKAANFII FUDHU

- Fulaa mana jireenyaa ykn gola kee keessaa gara alaa ittiin baqattu hunda hubadhu, akkasumas yaadadhu
- Akkaataa mana kee keessaa ibidda jalaa baqattuun gara ykn bakka lamaan qopheeffadhu
- Karaa ibidda jalaa baqattuun kan qopheeffatte kana shaakali
- Balaa ibiddaa fi of-eeggannoof mana kee akka ilaalamu ykn too’atamu godhi
- Waa’ee karaa ibiddaa jalaa baqataniin kan qopheeffatte kana nama mana woliin galtuuf himi
- Dhimma of-eeggannoo balaa ibiddaa kan manneen barattootni keessaa jiraatanii ilaalchisee hubatnoo dabalataaf Poolisii naannoo keetii bibili



CARRAA OFII KEETIIF KENNI!